

DUBBII DHUGAA

Dubbii Dhugaan kun siyaasa yeroo ammaa Itoophiyaa keessaatti mul'ataa jiru irratti xiyyeeffata.



Amaanu'eel Oljirraa

Sadaasa 30, 2020

BAAFATA

BAAFATA.....	2
BOQONNAA TOKKO.....	3
Dhugaa.....	3
BOQONNAA LAMA.....	5
Dhugaa uumamaa(dhugaa sirrii).....	5
BOQONNAA SADII.....	7
Dhugaa Walii Galtee/Fedhii.....	7
BOQONNAA AFUR.....	9
Soba Dhugaa Fakkaatu.....	9
BOQONNAA SHAN.....	10
Dubbii.....	10
BOQONNAA JA’A.....	13
Dubbii Siyaasaa.....	13

BOQONNAA TOKKO

Dhugaa

Namootni hedduun yeroo isaan “ ani dhugaafan jiraadha; ani dhugaafan du’a; ani dhugaafan duula; ani dhugaafan falma ; ani dhugaa arguun fedha fa’a” jedhan dhaga’uun waanuma baramedha. Haalli kun ammoo namootni dhugaaf bakka guddaa akka qaban namatti mul’isa. Kanaafuu dhugaan namoota biratti hedduu qaalii ta’uu isaati. waanti qaaliin ammoo hanga barbaadamuun hin argamu. Qaalii ta’uun isaatu sababuma hanga barbaamuun argamuu dhabeefidha. Gama biraan dhugaan qaalii ta’uun sababa sobni namoota gidduutti heddummateef ta’uu mul’isa. Kanaafuu dheebuun dhugaa kun namoota waan miidhe fakkaatee mul’ataa jira. Maarree namuu dheebuu dhugaa kana dharraa ba’uuf jecha yeroo isaan hanga lubbuu dhabuutti dhugaa arguuf iyyaafatan argaa-dhageettiin woyii gurra nu lixuu hin ooltu.

Kanaafuu anis ta'u atis gatii dhugaa kana
tilmaamuu ni dandeenya. Eeyyen dhuguma!
Dhugaadha! Dhugaan namootaaf qaaliidha! Jechuu
qofa osoo hin taane dhugaa sirrii ta'uu isaa
mirkaneessuun dirqama jedheen amana. Ati hoo?
Egaa wanti nama gaddisiisu dhugaan yeroo hunda
dhugaa ta'ee kan jiraatu ta'us, waanti dhugaadha
jedhamee namoota gidduutti beekamu hundi
dhugaa ta'uu dhabuu isaati.

Eeyyen, dhugaan namootaaf qaaliidha jenneerra.
Namootni dhugaa dheebotan dhugaa argachuu
qabus jenne. Haa ta'uu garuu dhugaan namootni
dharraa ba'uuf dheebotan kun dhugaa akkamiiti?
'*Dhugaa*' innumti jedhamu kun maali? Gaaffileee
jedhan deebisuun, marii' *Dubbii Dhugaa*'keessatti
taasifamu hunda hubachuuf daran kan
barbaachisaniidha. Kanaafuu waa'ee"dhugaa"
dhugaa jiru hubachuu irraa yoo eegalle woyya!
Maarree nutis achumaan dhugaa hubachuu eegalla!

Egaa haala qabatamaa yeroo ammaa irraa ka'uun
dhugaa namootni “ kun dhugaadha” jedhan
dhugaa isa kamiin akka ta'e kanneen armaan
gadii keessatti madaalla. Isaanis:-

- 1) Dhugaa uumamaa
- 2) Dhugaa walii galtee fi
- 3) Soba dhugaa faakkaatu fa'i.

BOQONNAA LAMA

Dhugaa Uumamaa(Dhugaa Sirrii).

Dhugaa uumamaa(dhugaa sirrii) kan jedhamu yoo
waantotni dubbataman dhugaa ta'an qofa. Kun
ammoo waanti kamiyyuu soba ykn dhugaa yoo
jedhamanis yeroo mara dhugaadha. Gama biraan,
waantotni warqee fakkaatan yoo jiraatanis sibiilli
warqee yeroo mara warqeedhuma. Jechuun
Sibiilotni biroon warqee fakkaatanis, warqee ta'uu
hin danda'an jechuudha. Garuu maqaan warqee
tarii gold, warqee, warq fa'a jedhamee waamamuu
mala. Kun ammoo jijjiirraa maqaati malee kan

akaakuu ta'uu isaa miti. Maqaa jijjiiruun sibiilicha jijjiiruu matumaa hin danda'u. Kanaafuu sibiilichi yeroo mara sibiilichuma. Yeroo hunda warqeen warqeedhuma jechuu kooti. Dabalataan sanyii namaaf kan mucaa ulfaa'ee dhalu ykn dahu dhalaadha. Kanaafuu, dhiirri ni ulfeessa malee hin ulfaa'u, ni dhalcha malees hin dhalu. Dhugaa sirrii ykn Dhugaa uumamaa inni jennus kanuma. Kanaafuu kanaa booda sangaan lakkuu dhale yoo siin jedhan soba ta'uu isaa tilmaamuun sin dhibu jechudha. Mitiiree? Eeyyen! Hin gowwomin!

Fknf ! Namootni tokko tokko gosa Oromoos ta'u kan saba biraatti, maqaa moggaasaniitu, ati nuyi ittiin jechuu fedhu. Hubadhu! Kana jechuun maqaa itti moggaasan malee sabni sun uumamaan kan isaani miti jechuudha. Ifa akka siif ta'uuf, Ilmaan Oromoo Baarentuu fi Booranaa jedhamu turan. Haa ta'u malee sanyiin isaanii gadaa shananiin akka qoodamantu himama. Isaan kun, gadaa:-

- 1)Sabboo fi Goonaa;
- 2)Maccaa fi Tuulamaa;
- 3)Sikkoo fi Mandoo;
- 4) Ittuu fi Hunbannaa;
- 5) Raayyaa fi Azeebboo jedhamanii beekamu.

Egaa kun hundi dhugaa uumamaati. Dhugaa namtolchee ykn walii galtee namootaan uumaman immoo kutaa armaan gadiitti waliin ilaallla.

BOQONNAA SADII

Dhugaa Walii Galtee/Fedhii

Dhugaa kun ammoo dhugaa namtolchee ykn walii galteen uumamaniidha. Isaan kana gosa garaa garaatti qoodnee ilaaluu dandeenya.

- **Dhugaa Saayinsii:-** Fknf: $1+2=3$ dhugaa dha. Kunis sababa walii galtee ta'eefidha. Osoo jalqaba lakkoofsi 1,3,2,4 jedhameera ta'ee,silaa $1+3=2$ ta'a ture.
- **Dhugaa amantaa:-** Fknf Waaqni nama uume jedhu. Haala kanaan Kiristaaanaa

fi Isilaamni waaqni/rabbi jalqaba Addaam/Aadam fi Hewan/Hawwaa uume jedhu. Kanas rabbi Addaamiin dhoqee irraa uume jedhanii amanu. Kun isaaniif dhugaadha. Waaqeffataan ammoo waaqni jalqaba bishaan irraa nama uumeetu, bakka lamatti gargar mure. Inni mirgatti kufe Horaa, isheen bitatti kuftemmoo Hortuu jedhaman jedhanii amanu. Kunis amantaa waaqeffannaa Oromoof dhugaadha.

- **Walii galtee namoota dhuunfaafi garee:-**
fknf gareen siyaasaa tokko seera mataa isaa baafatee kan ittiin bulu yoo ta'e. murtiin seeraa kamuu dhugaa seera baafamee sanaan ilaalamee murama. Jaalallee lama gidduuttis waadaan waliif seenanis akka walii galtee isaaniitiin

xumurri isaa dhugaa ta'uu fi dhiisuun
isaa murteeffama.

BOQONNAA AFUR

Soba Dhugaa Fakkaatu

Sobni dhugaa fakkaatu kun yeroo baay'ee dubbii namootni sobaa dhugaa fakkeessanii dubbataniin ibsama. Fakkeenyaaf: Asoosama, wantotni Seexana (Bulguu) jedhaman jiraachuun isaanii yeroo dhugaa fakkeeffamanii dhiyaatan fa'i. Kanneen akka Film(theatre) fi abjuun irriba keessaa nama quunnamus sobuma dhugaa fakkaatan kanneen jalatti ramadamu. As biratti waanti soba dhugaa fakkatu kana jalatti caqafamuu qabu, dubbii gowwomsaa daldala siyaasaati. Namootni siyaasaa muraasni dhugaaf kan falman jiraatanis, baay'een isaanii soba dhugaa fakkeessanii siyaasa isaanii namootatti gurguratu. Soba dhugaa fakkeessaniitu taayitaa qabachuu fedhu.

BOQONNAA SHAN

Dubbii

Dubbiin haasawa namootaa gidduutti taasifamuun ibsama. Dubbiin adeemsa walii galtee (comminucation) keessaa tokkodha. Waldubbiin (communication) gosa garaa garaatti qoodamee ilaalamuu ni danda'a. kunis dubbii:-

- Ofkeessatti dubatamu (intracommunication)
- Namoota lama gidduutti dubbatamu(inter communication)
- Nama tokkorraa namoota hedduutti dubbatamu(mass communication). Kun quunnamtii hawaasummaa(communication medias) ni dabalata.

Isaan kana keessatti kanneen irra jireessaan dubbii dubbatameef duub deebii argachuu malu, waldubbii namoota lama gidduutti taasifamuudha. Dubbiin meshaalee walquunnamtii fayyadamanii dubbataman yeroo baay'ee kallattii tokko qofarraa

yaada kennamu waan ta'ef namoota dubbicha dhaggeeffataniif ifa miti. Kunis yoo fknf waanti dubbatamu soba fakkaates nama dubbatu irraa gaafatanii adda baafachuun rakkisaadha. Fkn ibsa raadiyoona fi Tvn ibsaman fa'i.

Haaluma kanaan yoo namni siyaasaa tokko, dubbii soba fakkaatu dhugaa gochuuf yaale, dubbicha soba taasisuuf ykn dhugaa isaa hubachuuf kallattiin gaafatanii hubachuun rakkisaadha. Yeroo baay'ee namootni meeshaalee quunnamtii fayyadamanii siyaasa isaanii ibsan yoo ilaalchi faallaa isaan quunnamu dubbii sana dabarsuus hin fedhan.

Sirna dubbii keessaa inni kan biraan ammoo dubbii ofkeessatti dubbatamuudha. Dubbii kana wanti adda taasisu, dubbicha namuma ofkeessatti dubbatu malee namni kan biraa kan hin beekne ta'uu isaati. Fknf kitaaba kana osoon hin barreessin dura yaadan barreessuu fedhe ana malee namni hin

beeku ture. Ergan ofkeessatti haasa'aa turee booda. Barbaachisummaa isaa; fudhatama qabaa chuu isaa fi haala an ittiin dubbii koo kana uummata biraan ga'u irratti murteessee barreesse jechuudha. Kanaafuu waanti ofkeessatti haasa'amu hedduu barbaachisaa ta'us waanti ofkeessatti haasa'amu hundi ifatti baasanii hin dubbatan. Kunis dubbii dubbatamu tokko osoo hin dubbatin dursa: barbaachisummaa/faayidaa isaa, fudhatamummaa isaa, yeroo isaa fi haala dubbiin kee ittiin namoota bira ga'uu danda'uu xiinxaluu barbaachisa. Ulaagaa kana guutuu hin dandeenye taanaan dubbii ofkeessatti haasa'amu namootaaf hiruun barbaachisaa natti hin fakkaatu. As biratti waanti hubatamuu qabu waanti ofkeessatti dubbatanii fi namootatti dubbatan yeroo mara walfakkaachuu dhiisuu mala. Kanas akka fakkeenyaatti dubbii namoota nama gowwomsanii, kanneen akka namoota siyaasaa irraa hubachuun ni danda'ama.

BOQONNAA JA'A

Dubbii Siyaasaa

Akkuma yaadatamu karaalee dubbiin ittiin geggeeffamu boqonnaa shan jalatti ilaalleerra. Kanneen keessaa dubbi namoota lama gidduutti adeemsifaman fayyadamnee haala siiyaasa biyya keenyaa isa yeroo ammaa kana akka armaan gadiitti yaa ilaallu. Wal dubbiin kunis bifa gaaffiifi deebiitiin anaafi Fayyisaa gidduutti kan adeemsifameedha.

HUB: Gaaffii fi deebiin kun bara 2020 GC. yeroo namootni siyaasaa Oromoo kanneen akka Jawar Mohammed hidhamanii jiran keessa kan taasifameedha. Dr. Abiy ammoo bara 2018 keessa Muummicha Ministeera Itoophiyaa ta'ee akka filatames ni yaadatama. Eagaa gaaffiifi deebichi kunoo akka armaan gadiitti adeemsifame:-

Fayyisaa:- Ati dhugaa maaliitu siif galee jennaan siyaasa Badhaadhina Itoophiyaa (kan Muummicha ministeera Itoophiyaa Dr. Abiy Ahmed) deggerta? Erga Jawar hidhamee siifi namoota muraasa qofatu Dr. Abiyyiin deggeraa jira. Mee ati maaliif qofaa kee isa deggerta?

Ana:- Gaaffii gaarii dha. Gaaffii kee guutummaatti siif deebisuuf jecha, durs adeemsa ture haala gabaabaaan siif ibsuunan eegala. Ilaa hubadhu! Namoota Dr. Abiyyi akka gara aangoothi dhufuuf wareegama qaalii taasisaa turan keessaa tokko deggertoota activist Jawar Mohammed turani. Isaan sana keessaa ammoo tokko ana ture. Yeroo sana Jawar activistii malee itti aanaa dura ta'aa paartii KFO hin taane turre. Jawaris hanga tokko filamuu Dr. Abiyyitti kan hin gammanne ta'us fedhi kabajamoo mootummaa naanoo Oromiyaa yeroo sanaa Obbo Lammaa Magarsaan waan filameef jecha deggeraa ture. Yeroo jalqabaa sana

mootummaan Dr. Abiy hedduu fudhatama argateeture. Simannaa gurguddaanis taasimaa ture. Hidhamtootni siyaasaas gadi lakkifamaas turan. Kanneen siyaasaaf jecha biyyaa baafamaa turan hundi afeerraa Dr. Abiyyiin biyyatti deebi'aa turan. Kanneen sana keessaa ammoo Jawar Mohammed, Leencoo Baatii, Leencoo Lataa, jeneral Kamaal Galchuu fi Daawud Ibsaa hayyu oromoo biyyatti deebifaman keessaa isaan muraasa tura. Gama Amaaraatiinis obbo Biraanuu Naggaa dabalatee namoota hedduutu karaa nagaa mormii isaanii akka geggeeffachuu danda'aniif biyyatti deebi'an. Wal dhabdeen Errtiriyaa fi Itoophiyaa giddu waggoota 20f tures waamichuma Dr.Abiy mootummaa Eritiriyaaf dhiyeesseen hiikamuu danda'ee ture. Kanarraa kan ka'es mootummaan Dr. Abiy addunyaa guutuu irratti leellifamuu eegale. Haaluma kanaan badhaasa 'noobelii' nageenyaa kan bara 2019 Dr.Abiy fudhachuus

danda'e. Badhaasa noobelii kanaan Dr. Abiy Itoophiyaa keessaa nama jalqabaa ta'ee galmaa'e. Yeroo jalqabaa sana Itoophiyaa keessaatti garee TPLF isa aangoo irraa hari'ame qofa malee hunduu waanuma gammade fakkaata. Muuffiin TPLF kun sababa Dr. Abiy aangooti dhufeen fayidaa argachaa turan dhabuu isaanii irraa kan ka'e ta'uu isaa tilmaamuun nama hindhibu. Muuffiin TPLF kun irraa jireessaan walitti dhufeenya Ertiriyaa fi Itoophiyaa kan ilaaallatu ta'us komii Dr. Abiyyi sirna nafxagnaa nutti deebissufi jedhuun mormii eegalan. TPLF muffi isaanii kanarraa kan ka'e mootummaa Dr.Abiy gama hundaan dadhabsiisuuf yaalii eegalan. Kana gochuufis naannolee garaa gagaraa keessatti walitti bu'iinsiifi mormiin garaa garaa akka uumamu taasisan. Haaluma kanaan rakkoon nageenyaa naannolee Itoophiyaa keessa faca'uu eegale. Kanumaan namootni garee fi dhuunfaadhaan mormii garaa

garaa dhageessisuu eegalan. Garee mormii eegalan keessaa tokko garee ABO Shanee ofiin jechuun hidhatee bosona seene ture. Yeroo sana qaamni hidhatee bosona seene kamiyyuu hidhannoo hiikkatee karaa nagaa akka dorgomu Jawaris waamicha dhiyeessaa ture.

Boodarra garuu garaa garummaan ilaalchi siyaasaa Jawarii fi Dr. Abiy gidduu jirus babal’achuu eegale. Osoo Jawari fi Dr.Abiy gidduu rakkoon garaa garummaa siyaasaa jiru hin babal’atin, Dr. Abiyyii fi obbo Lammaa Magarsaa hedduu wal jaallatu turan. Kabajni isaan waliif qaban jaalala hiriyyummaa bira darbee namoota teessoo waliif gadi lakkisan ture. Lammaan “Anaafi Abiyyiin du’a qofatu gargar nubaasa” jedhee amana. Dr. Abiyyis badhaasni isaaf kenname kan Lammaas akka ta’e amana. Gabaabumatti isaan lameen hiriyyaa gargar ba’uu hin malle turan. Jaalalli isaan

lamaan gidduu ture hedduu nama hawwata. Ijoollee Abbaa gadaa jedhamaniis leellifamaa turan. Waanti nama gaddisiisu garuu wal dhabdeen Jawarii fi Dr Abiyyi gidduu ture guddachaa dhufuun waldhabdee Lammaa fi Dr. Abiyyiifis sababa ta'uu isaati. Kunis sababa Jawar Lammaa ofitti anfatee Abiyyiin ofirraa achi dhiibuun eegale. Gama Dr. Abiyyiin ilaalchi Jawar fudhatama dhabus, yeroo sana Jawaar hordoftoota hedduu waan qabuuf tole jedheetuma callisaa ture. Lammaafi Jawaaris daran waliif galaa turan. Wal dhabdeen siyaasaa Jawarii fi Dr Abiyyi gidduu jiraaatus Lammaan jara lamaan ija Oromummaatiin ilaalu irraa kan hafe isa tokko hin caalsifatu ture. Dha'atuma dha'ataan Lammaa fi Dr.Abiy gargar fagenya ilaalcha siyaasaa calaqqisiisuu eegalan. Kana keessatti Jawar ilaalcha siyaasa obbo lammaa jijjiiruu akka hin oolles ni shakkama. Taateen kun Dr. Abiyyiif liqimfamuu baatus, Lammaa waliin

gargar ba’uu waan hin feeneef ammas obseetuma waan hunda hordofuu eegale. Yeroo booda waanta Jawar dhoksaan Lammaa fi Aadde Xayibaa Hassen waliin taasisu caqasuu eegale. Odeeffannoos waan argate fakkaata. Kanas Dr. Abiy yeroo lamaaf sadii walga’ii irratti “*namootni shira woyii eegaltan lakkisaa nu dhiisaa! Ta’uu baannaan ifatti wal loluu eegalla!*”jecha jedhu irra deddeebiin yeroo dubbatu dhaga’amaa ture. Yeroo akkas jedhu sana fuulli Dr. Abiy gaddaa fi haariin kan guutame ta’uu isaa irraa kan hafe, eenyuun akka jedhu guru uummataaf ifa hin turre.

Morkiin kun osoo hin turin ifa ba’ee mumul’achuu eegale. Jeequmsi gara garaas biyya keessatti babal’achuu eegale. Waldhabdeen siyaasaa Itoophiyaa keessatti babal’achuus eegale. Dr. Abiy erga filatamee booda murni siyaasaa kan aangoo irraa kufe TPLF shira garaa garaan Dr. Abiyyiin kuffisuu yaaluu isaa ittuma fufe. Kanaanis yaalii

ajeechaa hirrrira deggrsaa Dr. Abiyyif finfinneetti taasifame irratti boonbii dhoosanii namootni hedduun mada'anii kaan du'aniiru. Kanas TPLF kallattiin osoo hin taane alkallattiin namoota afaan oromoo dubbatan fa'a bitee shira kana geggeessuu eegale. Haaluma walfakkaatuun shirri TPLF kallattiin osoo hin taane alkallattiin jeequmsii fi ajjeechaan namoota bebbeekamoo irratti akka taasifamuu gochuu eegale. Jeequmsis naannoo Tigraayiin ala bakkeewwan birootti akka taasifamu baajeta gudaa remade. Baajetni kun heedduun isaa yeroo masaraa mootummaa gadi lakkisan kan saamanidha. Kunis qabeenya biyyaa kan harka isaa ture saamee gara maqaleetti kan galcherraa ta'uu isaati. Maallaqni TPLF yeroos kaazinaa mootummaa keessaa fudhate hedduu waan tureef, birrii Itoophiyaa bifa garaa garaan gara doolaaraa fi albuuda bebbeekamootti sharafee kuufachuu eegale. Kanas gatii qaalii kaffaluun taasisaa ture.

Haalli kun ammoo sharafa biyya alaa qaalessuu eegale. Fknf yeroo TPLF aangoo gadi lakkise Doolaarri Ameerikaa tokko Birrii 27 ture. garuu osoo hin turin sharafni kun gara qarshii 37 ol guddate. Haalli kunis ta'e jedhamee mootummaa dhadhabsiisuuf waantota hojjetaman keessaa tokkodha. Shira kana hir'isuuf mootummaan Dr. Birrii Itoophiyaa geeddaruuf murtoo fudhate. Shirri TPLF garuu baay'ee jabaa fi yeroo yerootti kan bifa jijjiirrattu waan tureef rakkisaa ture. Dhugumatti shira isaanii mo'achuun hedduu jabaa ture.

Walumaa galatti Dr. muummee ministeeraa ta'ee filamuu isaa irraa kaasee shirri gama TPLFn irratti taasifame ture salphaa hin turre. Dr. Abiyyis TPLF jilbeenfachiisuuf yaaliin inni taasisaa ture salphaa hin turre.

Dr. Abiy shira TPLFn dandamachuuf wixinee garaa garaa yeroo yerootti ifa gochuu eegale. Waantota inni dalagu baay'een isaa karaa ittiin shira TPLF

kana dandamatu irratti kan xiyyeeffatu ture. Shira kana dandamachuuf ammoo sirni TPLF yeroo aangoorra ture tumatee ture mijataa miti. Kanaafuu tooftaa biraas kalaquu eegale. Haa ta’u malee actiivistootni akka Jawar tooftaa Abiyyi ittiin TPLFn kuffisuuf kalaqaa ture sana hin feene ture. waanta inni Oromoo miidhuuf jecha tooftaa uumaa jiru fakkeessanii uummataaf ibsaa turan. Kanumarraan kan ka’es keessaaf alaan mormiin Dr. Abiyyiin mudachuu eegale. Gama naannoo Amaraanis hanga tokko mormii “mootummaan Oromiyaa nun bitu” jedhu faa dhageesisanis, irra jireessaan yaada Dr. Abiyyiin kan hubatan naannoo Amaaraa ture. Naannolee deggertoota siyaasaa jedhaman biroo keessatti garruu shira TPLF irraan kan ka’e walitti bu’insi daangaa fi sanyummaa jiraachuu irraa kan hafe, Dr. Abiyyiin yoo morman daran hin dhaga’amu ture.

Osoma kanaan jiruu gidduutti halkan gaaf tokkoo Jawar mootummaan Abiy yaalii ajjeechaa narratti geggeesse jechuun toora 'facebook' isaa irratti maxxanse. Halkanuma sanaa kaasee guyyaa lamaaf jeequmsi guddaan Oromiyaa keessatti dho'e. Jeequmsa sanaanis namootni 86 ta'an yoo du'an, qabeenyi hedduunis barbadaa'eera. Haalli kun ammoo sabni biroon Jawariif ilaalcha gadi bu'aa akka qaban taasise. Kanaraa kan ka'es ololli garaa garaa Jawar irratti oofamuu eegale. Wal muffin mootummaafi Jawar gidduus ittuma caalaa dhufe. Kun osoo kanaan jiruu Jawar actiivistummaa dhisee partiin akka filatamuuf miseensa KFO tti makamuu isaa beeksise. Yeroo sana dura jawar lammummaa Ameerikaa qaba ture. Itoophiyaa keessatti dorgomuuf ammoo lammummaa Itoophiyaa qofa qabaachuu barbaachisa. Kanaaf jecha lammummaa Ameerikaas ofirraa mulqee lammummaa Itoophiyaa fudhate. Haalli kun

paartii KFO tti dabalamuuf fedha qabaachuu isaa qofa osoo hin taane, hangam akka Jawar Mootummaa Itoophiyaa waliin xiiqii keessa seene kan ibsu ture. Kana booda duula nafiladhaas eegale. Kanaan Oromiyaa keessatti deggertoota hedduu akka qabaachuu danda'us mirkaneesse. Duula nafiladhaa jedhu kanarrattis jechoota Dr. Abiyyiin mufachiisu dhageessisaa ture. Haaluma kanaan wal morkiin ifatti eegale jechuudha.

Kun osoo kanaan jiruu Dr. Abiyyi siyaasa haaraa kan “*Badhaadhina Itoophiyaa*”jedhu hundeesseuun dhaga'ame. Siyaasni kun kan duraa irra adda ture. Naannoleen hundi Muummee ministeeraa filuufis ta'e filatamuuf mirga kan laateef fakkaata. Siyaasni haaraan kunis saffisaan hojiitti akka eegalamus taasifame. Ta'us siyaasa badhaadhinaa kana Jawar siyaasa nafxanyaati jechuun qeequu eeegale. Gama biraan ammoo siyaasni kun paartii Abiy(OPDO) aangoo irra tursuuf kan hundeeffameedhe kan

jedhus qeeqa biraa ibsataa ture Jawar. Qeeqni Jawar *paartii Badhaadhina* irratti dhiyeessu kun obbo Lammaa Magarsaas shakkisiisuu hin oolle. Kanarraan kan ka'e obbo Lammaan siyaasa haaraa kana keessaa harka akka hin qabne raadiyoo Ameerikaa sangantaa afaan Oromoo irratti ifatti ibsate. Sana dura uummatni Lammaa fi Dr. Abiy waliin akka dalagaa jiranitti beeka ture. Garuu dhugaa jiru erga obbo lammaan siyaasni haaraan Dr. Abiyyiin hundeeffame kun ifa akka isaaf hin taanee fi itti hin amannes dubbatee booda barame. Sana booda Oromiyaa keessatti mormiin itti caale. Gargar ba'uun obbo Lammaa fi Dr Abiyyis ifa ta'aa dhufe. Garuu Dr. Abiy siyaasni isaa kun Oromiyaa qofa osoo hin taane Itoophiyaa hundaaf barbaachisaa akka ta'e waan itti amanuuf, namoota isa deggeran wajjin mirkananeessee hojii eegalchiise. Namootni kanneen akka Lammaa

Magarsaa, Xayiba Hasani fi Dr.Milkeessaa
Miidhagaa faa itti hin amanne ture.

Osoo kun kanaan jiruu gidduutti artistii
Haacaaluun ajjeefamuun isaa dhaga'ame. Kun
gadda guddaa uummata Oromoo gidduutti uume.
Garee siyaasa isaanii adeemsifachuu fedhaniif
ammoo carraa gaarii argamsiise. Uummatni
Oromoo kan Hacaaluu du'aan dhabe hundi miira
keessa gale. Abaluutu ajjeese abaluutu ajjeese
jechuunis eegalame. TPLF isheen diina Hacaaluu
turtes fira Hacaaluu fakkaattee gumaa falmuu
eegalte. Kanaan Dr.Abiyyitu ajjeese jedhuun oromo
ka'i jechuu eegalan. Dhugaan jiru garuu Dr. Abiyyi
biyya jeeqamaa jirtuuyyuu akkamittan tasgabbeessa
jedhee cinqamaa ture malee akkamittan jeeqa
sadarkaa jedhu irra hin turre. Kanneen biyyi akka
jeeqamu fedhan garuu TPLF ture. Fedhiin isaanii
waan galma ga'eef kan fakkaatus TPLF ture. Kun
osooma kanaan jiruu bakka awwaalcha Hacaaluu

irratti mormiin uumame. Gariin finfinneetti
awwaalamuu qaba yoo jedhu gariin ammoo Ambo
bakka dhaloota isaatti awwaalamuu qaba jechaa
ture. Namoota finfinneetti awwaalamuu qaba
jedhan keessaa tokko obbo Jawar fi Baqqalee
Garbaa ture. Haa ta’u malee hunduu akkuma akka
fedha siyaasa isaatiitti waan yaadaa turaniif jecha,
namni fedha maatii gaafate hin turre. Hunduu
ilaalcha Haacaaluun kan Oromoo maraati jedhu
waan qabuuf, bakki awwaalcha isaas fedha oromoo
hundaan murtaa’uu qaba jedhanii yaadaa turan.
Kanarraan kan ka’e marii taasifameen karaa
Jawar finfinneetti akka awwalamuuf murtoon
darbe. Mootummaan garuu dursee fedha maatii
Hacaaluu waan gaafateef jecha reefi Hacaaluu
Ambooti akka awwaalamu murteesse. Kanumaan
reeffi isaa finfinnee bakka itti ajjeefame irraa gara
Amboo bakka dhaloota isaa deemee achitti akka
awwaalamu murtaa’e. Kanumaan reefi Hacaaluus

gara Ambootti qajeele. Gidduutti ammoo Jawar faa reeffi finfinneetti deebi'ee awwaalamuu akka qabu ajaja dabarsan. Sanaan booda reeffi finfinneetti oldeebifame. Reefii finfinneetti haa deebi'uu fi hin deebi'u yaada jedhu gidduuttis walitti bu'insi uumame. Kanaan namootni baay'een lubbuu dhaban. Meeshaalee hedduunis barbada'an. Gocha sanaaf ammoo itti gaafatama kan fudhatu Jawar faa ta'uu mootummaan ibsuun Jawar fi namoota isaa waliin turan mana hidhaatti darbaman.

Egaa taatee kana booda deggertootni Jawar hundi haariin guutaman. Hacaaluus kan ajjeese TPLF ykn qaama biraa osoo hin taane, Abiyyidha jechuu eegalan. "Down down Abiy! Free Jawar Mohamed! Justice for Hacaalu!" jechuu eegalan. Mootummaan garuu gocha seera kabachiisuu cimsee itti fufe. Namoota gocha lubbuu balleessuu fi gocha qabeenya barbadeessuu irratti hirmaatan hunda haalduree tokko malee mana adabaatti guuruu

eegale. Kunis mormii mootummaa irratti daran caalchise. Hojjettoota mootummaa dabalatees namoota hedduu irrattis mootummaan tarkaanfii fudhate. Hojii irraas namootni geggeeffaman hedduudha. Hojjettoota siyaasa mootumaa hin fudhannees kanneen akka obbo Lammaa Magarsaa, Xayiba Hassen fi Dr. Milkeessaa Miidhagaa dabalatee hojii irraa geggeeffamaniiru. Haa ta'u malee Lammaa Magarsaaf yoo inni siyaasa mootumaa fudhatee miseensa guute, hojiitti akka deebi'uuf waamichi godhamee ture. Kunis sababa TPLF kuffisuu keessatti shoorri obbo Lammaa isa ol-aanaa tureefidha. Gabaabatti kana fakkaata.

Egaa ani Jawartu hidhame jedhee maafan Abiyyitu Haacaaluu ajjeese jedharee? Abiyyiin gaafa jalqaba inni filamu ilma abbaa gadaa erga jennee, har'a gaafa Jawar hidhamu maaliif ilma Minilik jenna jedheetan deggera ani. Isaan lachuu ilaalcha garaa garaa qabaachuu malu. garuu inni tokko Oromoo

ta'ee inni tokkommoo Oromoo ta'uu hin dhiisuu anaaf. Lamaanuu oromoodha. Kanaafan Dr. Abiyyiin deggera. Kanuma!

Fayisaa:- ati eenyutu irra caalaa sirriidha jettaree?

Ana:- anaaf duras ammas Dr. Abiyyitu irra caalaa sirriidha.

Fayisaa:- akkamitti Jawar isa Abiyyiin aangootti olbaase dhiiftee Abiyyitu sirriidha naan jetta?

Ana: gaaffii gaariidha. Hubadhu ammas, Dr. Abiyyiin kan aangootti olbaase Jawar/Queerrooti qofa miti. Tumsa garaa garaatu ture. Kanaafuu fayyadamtootnis tumsitoota hunda dabalchuu qabu. Gochaalee gara jabinaan TPLF yeroo sana uummata Oromoo irratti taasisaa turte balaaleffachuun queerrooti fincila diddaa garbummaa finiinse. Jawar ammoo fincila kana hoggane. Gareen team Lammaa(anga'ota olaanoo naannoo Amaaraa fi Oromiyaa kan of keessaa qabu) qaama mootummaa keessaa fincila queerrooti

finiinse deggeran. Namoota garee lammaa jedhaman kana kan hogganaa ture presidaantii Naannoo Oromiyaa yeroosii kan ture obbo Lammaa Magarsaa ture. Kanaaf “team lamma” jedhamee beekame. Aangaa’ota naannoo Amaaraa keessaa yeroo sana shoora guddaa kan taphachaa turan obbo Gaadduu Andargachoo fi obbo Dammaqee Mokonnin isaan olaanoo garee team Lammaati. Oromiyaa irraa ammoo beekamoon obbo Lammaa Magarsaa fi Dr. Abiy Ahmed ture. Gareen team lammaa kun warra mootummaa TPLFn hogganamaa ture keessatti aangoo ol-aanaa qaban turan. Ta’us fincila qeerroon finiinse isaanis deggeruun fincila TPLF irratti dhageessisuu eegalan.

Yeroo kan mootummaan TPLF obbo Haayila Maariyaam Dassaaleny ture. Namni kun Muummee Ministeeraa Itoophiyaa haa jedhamu malee aangoo guutuu hin qabu ture. Inni erga

mootummaan TPLF inni jalqabaa (Mallas Zeenaawwiin) du'ee booda aangoo TPLF hojiittu akka hiikuuf TPLF maqaadhumaaf nama kana naannoo Kibbaa keessaa filattee muudde.

Haaluma kanaan obbo H/Mariyam Dassaaleny fincila yeroo sana keessaaf alaan isa mudate dandamachuu waan dhadhabeef, fedhaan aangoo gadi lakkisuu filate. Waanti TPLF dalagaa turte kun isaafis fudhatamuu waan dideef jecha aangoo gadi lakkisuu murteesse. Akkasitti Dr. Abiyyi filamuu danda'e.

Fayisaa:- Adeemsa Dr.Abiy ittiin filamuu danda'e naaf ibsuu dandeessaa?

Ana:-eeyyen! Adeemsi filannoo ADWUI akka itti aanu ture. sirna TPLF(ADWUI)n hogganamaa ture keessatti. Itoophitaa keessa naannolee sagalii fi bulchiinsa magaalaa kan federaalaan bulan lamatu ture. Naannoleen sagal kan jiran ta'us muummuchi ministeeraa kan filatamu naannoo afur keessaa

qofa ture. Isaan kunis Naannoo Tigraay(TPLF), Naannoo oromiyaa(OPDO), Naannoo Amaaraa (ADP) fi naannoo Kibbaa (SNNRP) qofa ture. Naannoleen afran kunniin dhuunfaa isaaniitti carraa muummee ministeeraa ta'uu harka 25(25%) qabu. Naannoleen biroo shanan gargaartota jedhamu malee muummicha ministeeraa filachuus filatamuus hin danda'an turan. Naannolee afran filuu fi filatamuu danda'an keessaas aangoo olaanaa kan qabu TPLF qofa ture. Kanaafuu TPLF garee ofii keessaas kan biroo keessaas yoo nama ta'e filuu fedhe tooftaa fi aangoo olaanaa waan qabuuf akkuma fedhe gochaa ture. Erga Mallas garee TPLF keessaa du'ee booda, tooftaan naannoo kibbaa keessaa Muummee ministeeraa kan maqaadhumaaf aangoorra taa'u taa'u filatanii aangoorra teessisaa turan. Ajajni garuu TPLFn kennama ture. H/Maariyaamiin kan filatanii turanis kanumaafi.

Haa ta’u malee yeroo Dr. Abiy filame, tooftaa woyaanee kana team lammaan dursanii waan beekaniif jecha tooftaa itti malanii mo’atan. Erga inni filamee garuu sodaan jiru ajjeefamuu mala kan jedhu ture. Kunis sababa yeroo sana TPLF bakka hundaatti waan fedhe gochuuf dandeettii qabuuf ture. Ta’us gootichi ilma Abbaa gadaa Dr. Abiy tooftaafi dandeettii isaanii dursee xiinxalaa waan tureef sodaa malee filannoon booda jara kana jilbeenfachiisuu nan danda’a jechuun filatamuu murteesse. Erga filatamees kaasees humnaan isaan caaluun kunoo wallaasoo jabaan geggeesseen jijjiirama Itoophiyaa hogganuu danda’eera. Akkuma jedhe kunoo jarreen saba Oromootti taphataa turanis itti taphachuun jilbeenfachiisee jira. Dhugumayyuu Dr. Abiy nama jabaadha.

Fayisaa:- Abiy akka filatamuuf tooftaa team lammaan fayyadaman maal ture?

Ana:- Team lammaa jechuun hoggantoota naannolee lamaan kan of keessaa qabu akka ture hin dagatin. TPLF ammoo muummee ministeeraa filachuuf yeroo mara iji isaa gara naannoo kibbaati qajeela. Kanas kan murteesse oromoo fi amaarri waliif galanii garee tokko keessaa muummee minsteeraa hin filatan jedhee waan yaadufidha. Kana jechuun TPLF sagalee isaa naannoo kibbaaf yoo kenne, harka 100(100%) keessaa kan TPLF 25% + kan naannoo kibbaa 25% = 50% ta'a. Kan naannoo oromiyaa qofaa isaa ammoo 25% yoo ta'e, kan naannoo Amaaraa qofaa isaa 25% ta'a jechuudha. Kanaafuu jarreen kun lameen yoo sagalee isaanii walitti ida'an malee mo'amuun isaanii ifa galaadha. Naannoon kun lameen ammoo akka ilaalcha TPLF ti abiddaa fi cidiidha jedhamee ilaalama. Akka isaan waliif hin galle irrattis waan hedduu hojjechaa tureera. Kanaaf jecha tasumaa waliif hin galan jedhee amana. Kanarraa ka'uun

taayitaa isaa dheereffachuuf jecha TPLF yeroo filannoo Muummee ministeeraa ga'u dhoksee sagalee isaa naannoo kibbaaf kenneetu jara lameen akka mo'aman taasisa. Haa ta'u malee yeroo Dr. Abiy filatame naannoon Amaaraa fi oromiyaa(team lammaa) waliif galanii Dr. Abiy qofaaf sagalee kennan. Haala kanaan gareen team lammaa 50% guutuu argatan. Waanti nama ajaa'ibu garuu naannoo kibbaa keessaas Dr. Abiyyiif namootni 18 sagalee ta'aniiru jedhama. Kunis sirna TPLF naannoleen hundi hagam akka jibbanii turan mul'isa. Egaa akkanatti TPLF aangoo dhabe jechuudha.

Fayisaa:- dhugumayyuu tooftaa ajaa'ibaati. Dhugaa dubbachuuf ani hanga har'aatti naannoon amaaraa filatamuu Dr. Abiyyiif gumaacha waan qabu natti hin fakkaanne ture.

Ana:- eeyyen namootni hedduun akkas jedhanii yaadu. Kun ammoo sababa siyaasa isaaniif jecha

adeemsicha namootaaf ibsuu hin feenef jechas ta'uu ni mala.

Fayisaa:- anaan irra jireessaan kan nadhibe garuu, osoo garaa garummaan siyaasaa naannoo oromiyaa fi Amaara gidduu jiruu akkamitti team lamman naannoo oromiyaa keessaa Dr. Abiyyiin filatan. Naannoon lamaan waan waliin fayyadaman ni qabuu?

Ana:- Eeyyen! Kun gaaffii gaafatamuu qabudha. Dhugaa dubbachuuf yeroo ammaa olaantummaan (angoon) irra jireessaan namoota naannolee lameen kana keessaa filamaniin geggeeffamaa jira. Sababni isaa ammoo olaantummaa qaama tokkoo qofa mirkaneessuu osoo hin taane, aangoo walii hiranii guddina biyyichaa irratti hirmaaachuuf walii galtee team lammaa gidduutti taasifame ture kan ibsudha. Kana garuu namootni baay'een waan hin hubanneef jecha olaantummaan garee tokkoo waan jiru itti fakkaata. As biratti, aangoon irra jireessaan

naannoo laameen harka haa jiraatu malee naannoleen biroonis bulchiinsa Dr. Abiy hogganu keessatti qooda fudhataa jiru. Mirga filuu fi filatamuus akka qaban mirkanaa'eera. Walumaa galatti bulchiinsi Dr. Abiy akkan hubadhutti, lammilee hundaaf walqixa falmuu malee, sabni miidhuu fi miidhamu jiraachuu hin qabu kan jedhuudha.

Fayisaa:- egaa amma aangoon eenyuu harka jira jechuu dandeenyaree?

Ana:- akka ilaalcha kiyyaatti aangoon qaama ykn garee woyii tokko qofa harka osoo hin taane, lammilee Itoophiyaa hundarka jira jedheen amana. Dr. Abiy garuu aangoo lammilee kana kan hogganuu dha. Jechuun aangoon naannoo Amaaraa Ykn ammoo naannoo Oromiyaa harka qofa hin jiru jechuu kooti. Dhugaan hin haalamne garuu Dr. Abiy ilma Oromti. Ilma Ahimed Alii Dheeraa. Ilma abbaa gadaati. Fiinxaaaleyyiin

muraasni garuu, Dr Abiy saba kan biraa cunqursee keenya qofa maaliif hin kunuunsu ilaalcha jedhu waan qabaniif isa jibbu. Inni garuu dhugaa, seeraa fi jaalala qofatti amana. Kun ammoo ilma abbaa gadaa ta'uu isaa sirnaan kan calaqqisiisudha. Kanaafuu akka ilaalcha kiyyaatti Dr. Abiy faarfamuu malee abaaramuu hin qabu. Seenaan isaa galmee goototaa keessatti leellifamuu qaba malee hammeenyaan jallifamee ilaalamuu hin qabu jedheetan amana.

Fayisaa:- Siyaasni Dr. Abiy kan TPLF irraa maaliin adda ta'a, Oromoos maal fayyada?

Ana:-akka ilaalcha kiyyaatti, siyaasni Dr. Abiy Oromoo fayyadamaa taasisa malee hin miidhu. Fknf ani daangaa Oromiyaa amma TPLF sararte kana qofa hin fudhu. Kana ammoo daangaa Oromiyaa isa TPLF sarare kanaan ala yoo ilaalte maqaanis, sabaanis kan heddummatu oromoo fi Oromiyaadha. Dhugaa dubbachuuf oromiyaaf

Itoophiyaanuu ni xiqqaata. Daangaan oromiyaa Itoophiyaa ni darba. Yeroo baay'ee Oromoon Booranaa fi Baarentuudha jenna. Biyyi Baarentuu jedhamu garuu Eertiriyaa keessa akka jiru hin beeknu. Namni seenaa irratti nuuf katabes hin jiru. Hunduu seenaas seeras akkuma bulchiinsa isaaf tolutti nuuf katabaa ture. Nutis isa dubbifnee fi isa beeknuun ala yoo dhugaa jiru namni nuuf hime, dhugaadha jennee hin fudhannu. Kanaaf daangaa hanga man'ee kibiriitii geessu keessatti of hiinee hafne. Silaa Itoophiyaa isa hormi faarsu kana seeraanis seenaanis Oromootu faarsuus falmuus qaba ture. Anaan kan na dhibu yeroo murni bicuun Itoophiyaa bal'oo falmatu, sabni oromoo bal'aan ammoo maaliif ganda ta'uu akka filatudha. Silaa Oromootu aadaa,sirnaa fi afaan isaa suuta suuta lammiilee hunda barsiifatee biyyattiin kan isaa ta'uu beeksifata ture. Osoo oromoon dammaqee itti fayyadamee silaa siyaasni yaada kana tumsu

siyaasa Dr. Abiy qofa natti fakkaata. Ani kanaafan siyaasa Dr.Abiy deggera. Ati garuu kan sitti fakkaate deggeruuf mirga guutuu qabda. Garuu humnaan, sodaachisuuni fi karaan sitti cufa jechuun gara ilaalcha keetitti nadeebisuu hin yaalin! Amalli akkasii amala mootummaa abbaa irreeti. Namni kamuu mirga sayaasa fedhe deggeruu fi yaada isaa bilisaan ibsachuu qaba. Mirga kana anis siifan eega atis kiyya naaf eegi! Gaaffii keef galatoomi!

Fayisaa:- tole atis galatoomi. Dhugaattuu wanta hedduun hubadhe! Nammotni keenya hundi wal qeequun dura, yoo waliin dubbatanii garaa garummaa ilaalcha isaanii haala kanaan furatan irra bu'a qabeessa ta'u jedheen yaada. Dabalataanis wal qoodanii wal irratti duuluu irra wal hubatanii wal tumsuutu furmaata qaba.

Ana:- dhugaa keeti furmaatni mo'icha keenyaa wal jabeeffachuufi wal hubachuu qofa irratti hundaa'uu qaba. Ammas hedduu galatoomi!